Sirna
Tajaajilawwan Fayyaa Fairview

Imaammata

Imaammata Gargaarsa Maallaqaa

Garagalchiwwan maxxanfaman wabii qofaafi. Maxxansa haaraaf maaloo garagalcha elektiroonikaa ilaalaa.

Kaayyoo:
Tajaajilawwan Fayyaa Fairview fi HealthEast (walumaagalatti, "Fairview") dhukkubsattoota hawaasa keenya keessa jiraniif, dandeettii kaffaltii isaani irratti osoo hin hundaa'in tajaajila fayyaa qulqullina qabu dhiyeessuun seenaa yeroo dheeraa qaba. Dhukkubsattootni tokko tokko inshuraansii fayyaa waan hin qabneef yookiin baasiin fayyaa isaanii dandeettii isaanii ol waan ta'eef, baasii tajaajiila fayyaa barbaachisaa fudhatameef hunda yookiin muraasa isaa kaffaluu dadhabu akka danda'an Fairview ni hubata. Gargaarsa Kunuunsa yookiin gargaarsa maallaqaa biroo namoota barbaadaniif dhiyeessuuf, Gargaarsa Kunuunsaf gahumsa dhukkubsataa madaaluuf Fairview adeemsa qaba.

Ibsa Imaammataa: Fairview fayyaa hawaasaa fooyyessuuf kutannoodhan hojjeta. Imaammanni kuni qaamota hedduu imaammata gargaarsa maallaqaa Fairview ilaallata.

Hiikkaawwan:

Wal'aansa Fayyaa Barbaasaa
Wal'aansi fayyaa barbaachisaa ta'e, wal'aansa akka ilaalcha hakiima/ogeessa fayyaa wal'aanaa beekamtii Fairview qabuttii fi akkaataa ulaagaa wal'aansatti:

- Jalqabuu yookan hammaachuu dhibee, haala qaamaa, yookan hir'ina qaamaa ittisuuf;
- Qorannoo fayyaa gaggeessuf;
- Haalota fayyaa qaamaa, amalaa fi/ykn sammuutif wal'aansa dhukkubbii hir'isu, fayyisu yookan wal'aanu kennuuf; fi/ykn
- Dandeettii dalagaa nama sanaa fi dandeettiwwan dalagaa sirrii namoota umurii walfakkaataa ta'anii ilaalcha keessa galchuudhan, namni suni dandeettii dalagaawwan guyyuu dalaguu isaa akka argatu yookan qabaatu gargaaruf barbaachisuudha.
- Tajaajiloonni akkaataa wal'aansa fayyaatti barbaachisan, bu'uura Mata Duree XIX Seera Wabii Hawaasaa Federaalaatin (Title XIX of the Federal Social Security Act) labsametti, tajaajiloota dhukkubsataa ciisee yaalamuu fi deddeebi'ee yaalamuu, akkasumas tajaajila hospitaalaa bu'uura Mata Duree XIX Seera Wabii Hawaasaa Federaalaatin uwwifamee fi dhukkubsataa ciisee yaalamuuf fi deddeebi'ee yaalamuuf akkaataa wal'aansa fayyaatin barbaachisaadha jedhamu kamiyyuu dabalatu. Dabalataan, wal'aansi dhaabbata hospitaalaa walta'insa yookan LLC hospitaalichi kaapitaala yookan dhala bu'aawwanii itti argatu keessatti kennamu gargaarsa maallaqaatif gahumsa qaba. Tajaajiloonni dirqama akkaataa ulaagaalee hojmaata wal'aansa fayyaa biyyaalessaa bal'inaan yeroo tajaajiloonni sunneen kennamanitti fudhatama qabaniitin raawwatamuu qabu. Kaayyoo isaa sirritti milkeessuf, tajaajilli tokkoon tokkoon hammaan, yeroodhan, akkasumas bal'inaan gahaa ta'uu qaba.
- Tajaajiloonni akka wal'aansa fayyaatti barbaachisoo ta'an tajaajiloota wal'aansota sadarkaa yaalii yookan kan uumama wal'aansa miidhaginaa qaban hin dabalatan.
- Haalonni biroo barbaachisummaa wal'aansota fayyaa murtaa'anii deeggaran kan hammatan:
  - Ragaa saayinsii qulqullina olaanaa qabu kan akka dhukkubsattoonni haala murtaa'aa tokko qaban wala'aansa gaafatame irraa kan fayyadaman ta'uu ibsu;
  - Faayidaan gosa akkasii akkaataa wal'aansa fayyaa qabatamaa ta'etti barbaachisaa ta'uu isaa; fi/ykn
  - Wal'aansonni filannoo gatii xiqqaa fi karaalen itti kennaman kan hin fudhatamne ta'uu.

Wal'aansota Fayyaa Yaalii Irra Jiran
Wal'aansonni yaalii wal'aansotaa fi tarkaanfilee yaalaa bal'inaan ogeessota ogummaa sirrii keessa jiraniin haala fayyaa ilaalamaa jiru qorachuuf, ittisuuf, yookan wal'aanuf akka naga-qabeessaa fi gahumsa qabanitti hin fudhatamneedha. Yeroo tarkaanfin wal'aansaa tokko kan yaalii ta'uu murteessan, wantoonni murteessoo ta'an

sirriin, kanneen armaan gadii dabalatu, garuu kanneenitti hin daangeffaman:

- tarkaanfin wal'aansichaa qofti akka qaama qorannoo kiliinikaatti jiraachuu isaa;
- barruulee sirriin joornaalii ogeessota beekumsa qixa qabaniin gulaalaman keessa jiran, tarkaanfin wal'aansicha haala ilaalamaa jiruu, dabalataan akka qoratamu kan gaafatan ta'uu isaanii; yookan
- tarkaanfin wal'aansichaa, karaa sirritti adda ta'een fi/ykn haala fayyaa adda ta'eef naannoo qaamaa adda ta'e keessatti faayidaa irra ooluu isaa, sana boodaa ogeessota biroo ogummaa sirrii keessa [Fairview, Twin Cities, Minnesota, Ameerikaa, fi kkf. keessatti] jiraniin bal'inaan kan fudhatama qabuu ta'uu.

Dhiibbaa Maallaqaan Itti Fufiinsa Dhabuu
Tajaajilicha kennuudhaf haala dhaabbata Fairview gibira irraa bilisa ta'e irra baasii guddaan itti jiraatuu fi taatee dhaabbatichi kaffaltii gahaa malee dhukkubsattoota haala walfakkaataa qabaniif tajaajila walfakkaataa kennuu itti hin dandeenyee fi maallaqaan itti gaafatamummaa itti qabaatu keessatti, tarii dhukkubsataan tajaajila itti barbaadu.

Maatii
Kaayyoowwan imaammata kanaatif, maatin:

- Akka qajeelfamoota IRS dhan ibsametti, haadha manaa fi abbaa manaa walfuudhanii fi hirkattoota kamiyyuudha.
- Akka qajeelfamoota IRS dhan ibsametti, nama dhuunfaa hirkattoota qabu.
- Nama hin fuune ykn hin heerumnee fi hirkattoota hin qabne.

Yoo manichi maatii tokkoo ol kan hammatu ta'e, qajeelfamoonni hiyyummaa maatii tokkoon tokkoonif addatti hojii irra oolu.

Dhiheessii Wal'aansaa
Fairview dandeettii kaffaluu irratti osoo hin hundaa'in haalota wal'aansa yeroo hatattamaatif qorannoowwan calallii wal'aansaa fi tajaajiloota tasgabbeessuu ni kenna. (HealthEast yookan imaammattoota Fairview EMTALA ilaalaa.)

Fairview tajaajiloota ariifachiisaa hin taane, kan akka ilaalcha ogeessa fayyaa ajaja kennu kan beekamtii Fairview qabuutti, wal'aansa fayyaatif barbaachisaa ta'an kenna. Fairview osoo tajaajiloonni ariifachiisaa hin taane hin kennamin dura, gammachuu isaanitiif jecha, kaffaltiidhaf qophiiwwan akka godhaman gaafachuu mala. Qophiiwwan kaffaltii, kaffaltii maallaqa callaa yookan kaardii kireeditii, akaakuu inshuraansii Fairview dhan fudhatama qabu, hir'ifama namoota inshuraansii hin qabneef kennamuu fi bakka barbaachisaa ta'etti gargaarsa maallaqaa (hir'ifama qabu yookan wal'aansa bilisaa) Fairview dhan mirkanaa'an dabalachuu malu. Tajaajiloonni filataman gargaarsa maallaqaatif gahumsa kan hin qabne ta'uu malu. Haalota ariifachisoo hin taane keessatti, akka ilaalcha fayyaa fi namuusatti adeemsa wal'aansa fayyaa baay'ee sirrii ta'e kennudhaf, Fairview mirga dhimmoota yookan gaaffilee dhuunfaa tajaajiloota murtaa'oo qorachuu ni qabata.

Hir'ifama Warreen Inshuraansii Hin Qabneef Kennamu (Hospitaalota Fairview)
Dhukkubsattoonni hospitaalaa akka waliigalteewwan Fairview fi HealthEast Waajjira Abbaa Alangaa Waliigalaa waliin godhame kan Waxabajjii 2017 irraa kaasee hanga Waxabajjii 2022 hojii irra oolutiin (waliigalatti, "Waliigalteewwan" jedhamaniin) ibsametti wal'aansota inshuraansii hin qabne fudhatan, hir'ifama ("hir'ifama warreen inshuraansii hin qabneef kennamuuf") gahumsa ni qabaatu.

I. Gahumsa Hir'ifamaa:

A. Dhukkubsattoonni inshuraansii hin qabne yeroo galmee dura, yeroo galmee yookan adeemsa seensaa, yookan yeroowwan biroo adeemsa kaffaltii gaafachuu fi funaanuu keessa jiranitti adda ni baafamu. Dhukkubsattoonni inshuraansii hin qabne, kan dhukkubsattoota inshuraansii hin qabne maatii galiin isaa $125,000 walqixa yookan gadi ta'e qaban hunda, kan wal'aansa akkaataa wal'aansa fayyaatin barbaachisaa ta'e fudhatan dabalatan, garuu kanneenitti hin daangeffamne, hir'ifama warreen inshuraansii hin qabneef kennamu, gatii kaffalaa dhuunfaa qacarame kan galii hundaa ol guddaa ta'e qabuun walgituuf gahumsa ni qabaatu.

B. Hir'ifamni Kan Hin Dabalanne:
1. Dhukkubsattoonni yeroo tajaajilaatti jiraattota Minnesota yookan Wisconsin hin taane, hir'ifama warreen inshuraansii hin qabneef kennamuuf gahumsa hin qaban.
2. Dhukkubsattoonni tajaajiloota miidhaginaa, filatamaa, yaalii yookan akka wal'aansa fayyaatti barbaachisoo hin taane fudhatan, hir'ifama warreen inshuraansii hin qabneef kennamuuf gahumsa hin qaban.
3. Hir'ifamni warreen inshuraansii hin qabneef kennamu tajaajiloota hospitaalaa fi hospitaala irratti hundaa'an akkasumas tajaajiloota dhiheessaa hospitaalan filatameen kennaman qofa irratti hojii irra

oola. Dhukkubsattoonni tajaajila kiliinika of-danda'aa, tajaajiloota dhiheessitoota Fairview hin taane irraa, tajaajiloota dhaabbilee Fairview kan Waliigaltee Abbaa Alangaatin hin uwwifamne irraa akkasumas tajaajiloota hospitaalaa hin taane biroo fudhatan hir'ifama warreen inshuraansii hin qabneef kennamu hin argatan.

II. Hir'ifama Kaffaltiiwwan Gaafatamanii:

Sadarkaalen hir'imaa jalqaba waggaa hundaa irratti Pireezidantii Bulchiinsa Galiitin ni hundeeffamu. Hir'ifamichi tajaajiloota hospitaala irratti hundaa'aniif, kaffaltii giddugaleessaa kaffalaa dhuunfaa Fairview galii hundaa ol guddaa ta'e qabuuf kennamu irratti ni hundaa'a. Dursaan Maallaqa buufataa, Pireezidentiin Bulchiinsa Galii, fi Pireezidentiin Marsaa Galii yookan bakka bu'aan isaanii, gulaallii gadifageenya qabu haalota tilmaamaa dhimmoota tokkoon tokkooniitti aanee, murtiiwwan qajeelfamoota hundeeffamanin alaa mirkaneessuu qabu.

Gargaarsa Maallaqaa

Hir'ifama warreen inshuraansii hin qabnee kennamuutti dabalata, Fairview namoota ulaagaalee gahumsaa guutaniif, gargaarsa maallaqaa tajaajiloota gahumsa qabaniif bifa wal'aansa hir'ifama qabuutin kenna. Tajaajiloonni ariifachiisaa fi ariifachiisaa hin taane ogeessa fayyaa beekamtii Fairview dhan ajajaman, akka ilaalcha ogeessa ajaja kennuutin wal'aansa fayyaatin barbaachisaa akka ta'anitti fudhataman, akka wal'aansa dhaabbata hospitaalaa keessatti walta'iinsan yookan LLC dhan, kunis kan hospitaalichi kaappitaalaa fi dhala bu'aawwanii itti qabuun kennaman, gargaarsa maallaqaatif gahumsa qabu.

Dhiheessitoonni qaama sadadffaa hojjettoota hin taane kan wal'aansa ariifachiisaa yookan wal'aansa fayyaa barbaachisaa ta'e dhaabbata hospitaalaa keessatti kennan dabalee Imaammata Gargaarsa Maallaqaa keessatti tarreeffamu. Dabalichis wal'aansi dhiheessitoota kanneenin kennaman Imaammata Gargaarsa Maallaqaa kanaan uwwifamuu fi dhiisuu ibsa.

Fairview wal'aansota filannoo biroo yookan iddoowwan tajaajilaa qorachuuf akkasumas gaaffilee gargaarsa maallaqaa dhiibbaa maallaqaan dhaabbidhaan of-dadhabuu dhaabbatichaaf uumu diduuf mirga gaaffilee gargaarsa maallaqaa gamaggamuu ni qabata.

Dhukkubsattoonni Fairview'tti wal'aansa fudhatan, dandeettii kaffaluu danda'uu isaanii irratti hundaa'udhaan baasii wal'aansa isaaniinitiif akka gumaachan irraa eegama. Gargaarsi maallaqaa Fairview bakka bu'aa inshuraansii qacaraadhan ispoonsara ta'uu, uummataan yookan dhuunfadhaan bitamuu miti. Gargaarsa maallaqaatif gahumsa qabaachudhaaf, dhukkubsattoonni akka:

- Odeeffannoo sagantaa inshuraansii uummataan ispoonsara godhame keessatti galmaa'uuf barbaachisan kamiyyuu fi hunda Fairview dhaf kennuu dabalatee, filannoowwan inshuraansii uummataa yookan dhuunfaa gahumsa qabaniif qaqqabuu.
- Sanadoota barbaachisoo qopheessuu dabalatee, ulaagaalee iyyata gargaarsa maallaqaa guutuu.

Gahumsa Gargaarsa Maallaqaa

Fairview gahumsa gargaarsa maallaqaa galii fi qabeenyota maatii irratti hundeessa. Unkaan iyyata gargaarsa maallaqaa dirqama unkaa galii fi qabeenyota maatii mirkaneessu waliin galuu qaba. Ragaan galii fi qabeenyota mirkaneessu fudhatama qabu, miseensota maatii ga'eessa ta'an hundaaf kan armaan gadii dabalata: kaffaltiiwwan peeroolii ji'a baay'ee dhihoo ta'ee, ibsoota Wabii Hawaasaa, hoji-dhabdummaa, hir'ina qaamaa fi faayidaalee deeggarsa haadha/abbaa manaa/daa'imaa agarsiisan, ibsoota herreega baankii fi dalaalummaa (maallaqa callaa yookan aksiyoona), akkasumas sanada kaffalamuu gibira waggaa yeroo baay'ee dhihoo agarsiisu. Ibsi galii iyyattootaa ofiin of-qacaranii ni barbaachisa. Yeroo galiin hin jirretti, ibsi Ibsa Galiin Jiraachuu Dhabuu (Declaration of No Income) ni fudhatama.

Qajeelfmoonni galii, haaromfamoota Qajeelfamoota Hiyyummaa Federaalaa Giddugala Tajaajiloota Medicare fi Medicaid dhaan maxxanfaman waliin ni gamaggamamu. Fairview'tti, gahumsa gargaarsa maallaqaatif qajeelfamoonni galii akka armaan gadiiti:

Galii maatii akka % Qajeelfamoota Hiyyummaa Federaalaa	% Hir'ifama dimshaashaa kaffaltiiwwan (Herreega Hir'ifama Warreen Inshuraansii hin Qabneef Kennamu
0-200%	100%
201%-300%	50%

Fairview'tti, gahumsa gargaarsa maallaqaatif qajeelfamoonni qabeenyotaa akka armaan gadiiti: Yoo maatin qabeenyota herreegota baankii keessaa, qabeenyota aksiyoonaa, fi sooramaa waliigalaan $500,000 ol ta'u qabaate, Gargaarsa Maallaqaatif gahumsa hin qabaatan.

Fairview dhukkubsattoota gargaarsa maallaqaatif mirkaneessuf yookan diduuf, softiweerii gahumsa tilmaamu kamiyyuu hin fayyadamu. Dhukkubsattoota isaan gahumsa Gargaarsa Maallaqaa yookan Wal'aansa Minnesota (waliigalatti "MA" jedhaman), yeroo ammaa akka qabaatan murteeffamaniif, herreegni dhukkubsataa guyyaa hojiirra ooluu MA dura bahe kamiyyuu gargaarsa maallaqaatif gahumsa qaba.

Iyyatawwan Gargaarsa Maallaqaa Adeemsisuu

- Fairview dirqamoota maallaqaa guutudhaaf filannoowwan sirrii adda baasuu irratti deeggaruf jecha, gorsa maallaqaa dhukkubsattootaa fi maatilee isaanitiif ni kenna. Dhukkubsattoonni rakkina maallaqaa ibsatan iyyata gargaarsa maallaqaa ni argatu.
- Gargaarsa Maallaqaatif iyyata galfachuuf, unkaa iyyata gargaarsa maallaqaa dirqama guutuu kan qabu fi ragaawwan barbaadaman galii fi qabeenyota maatii ilaalan dhiyeesuu qaba (kan gadii ilaala).
  Iyyanni gargaarsa maallaqaa Tajaajila Maamila HealthEast dhaf 651-232-1100 irratti, Tajaajila Maamila Fairview dhaf 612-672-6724 irratti yookan Tajaajila Maamila Fairview Range dhaf 218-362-6624 irratti bilbiluudhan bilisaan argamuu danda'a. Iyyata irratti deeggarsi akkasuma lakkoofsawwan kanneen irratti bilbiluudhan argamuu danda'a.

Dhukkubsataan kanaan dura kaffaluu hin danda'u hin jedhamne, erga gaaffii kaffaltii isa qaqqabee booda Tajaajila Maamila HealthEast, Tajaajila Maamila Fairview yookan Tajaajila Maamila Fairview Range dubbisuu mala, yookan Gorsaan Maallaqaa dhukkubsataa dubbisuu mala. Bakka Buutonni Tajaajila Maamilaa, sagantaalee gargaarsaa sirrii kamiifiyyuu akka iyyatu dhukkubsaticha gara hojjettoota sirrii ta'anitti ni ergu akkasumas gahumsa gargaarsa maallaqaatif dhukkubsataa ni calaalu. Kaadhimamtoonni gargaarsa maallaqaa unkaa iyyataa ni argatu.

- Unkaawwan iyyataa guutaman gara Qindeessitoota Wal'aansa Tola-ooltummaatti ni dabarfamu.
- Yoo iyyanni guutuu hin taane gara Fairview deebi'e, xalayaan wanta barbaadamu ibsu gara qaama dhimmi ilaallatutti ni ergama.
- Fairview erga iyyata gargaarsa maallaqaa guutuu fudhatee kaasee, guyyoota kalaandaraa 30 keessatti hubachiisa barreeffamaa murtiiwwan gargaarsa isaa ni kenna. Hubachiisni kuni sadarkaa hir'isaa, dandeettii kaffaluu dhukkubsataa waliin deemu ni hammata. Diddaawwan sababa diddaa fi qajeelfamoota adeemsa dhukkubsataan irra deebidhaan itti iyyatuu ni dabalatu. Murtiin gahumsa gargaarsa Maallaqaa tokko (wal'aansa kenname kan gama biraatin ulaagaalee imaammata kanaa guutan irratti hojiirra oola) lammata iyyachuun osoo hin barbaachisin ji'oota 6'f hojiirra oola.
- Dhukkubsatichi odeeffannoo dabalataa kanneen akka ragaa galii yookan ibsa haalota yaada keessa galuu qabanii jiran, barreeffamaan mirkaneessaa ramadametti erga hubachiisni diddaa kennamee guyyoota 30 keessatti galchuudhan, gahumsi gargaarsa maallaqaa Fairview irra deebi'amee akka ilaalamu gaafachuu mala. Yoo diddaan gahumsa gargaarsa maallaqaa inni duraa lammata mirkanaa'e, hubachiisni barreeffamaa qaama dhimmi ilaallatutti ni ergama. Adeemsa irra deebin ilaaluu keessatti, hordoffiin funaansa herreegaa ni dhaabata.
- Hir'ifamoonni Gargaarsa Maallaqaa, yoo dhukkubsatichi bu'uura qabxiiwwan Waliigaltichaatin gahumsa qabaate, herreega akkaawuntiiwwan mirkanaa'an kan erga hir'ifamni warreen inshuraansii hin qabneef kennamu godhamee booda hafu irratti hojiirra oola. Murtii gahumsa Gargaarsa Maallaqaatti aanee, namni gargaarsa maallaqaatif gahumsa qabu tokko hamma waliigalaa (amount generally billed, AGB) namni inshuraansii qabu wal'aansa ariifachiisaa fi wal'aansa fayyaa barbaachisaadhaf kaffalu caalu hin gaafatamu. AGB'n hospitaala tokkoon tokkoonif, kaffaltii bara bajataa duraa herreegota daldalaa fi Medicare irraa argameef, mala duubatti deebi'uun ilaaluu fayyadamuun shallagama. Waraqaan dhibbeentaa odeeffannoo hamma walumaagalatti gaafatamu Fairview Tajaajila Maamilaa HealthEast 651-232-1100 irratti, Tajaajila Maamilaa Fairview 612-672-6724 irratti yookan Tajaajila Maamilaa Fairview Range 218-362-6624 irratti qunnamuudhan bilisaan argamuu mala.

Dhukkubsatichi herreega erga hir'ifamni gargaarsa maallaqaa godhamee booda hafu kamiifuu itti gaafatamaadha. Yoo herreegni yeroo kaa'ame keessatti hin kaffalamne, herreegichi adeemsa funaansaa baratamaa ta'een itti deemama, kunis imaammata Kaffaltii Gaafachuu fi Funaansawwan Fairview keessatti kan ibsameedha, www.Fairview.org irratti argama. Fairview ejentoonni isaa shaakaloota funaansaa miidhaa geessisan yookan seeran ala ta'an akka fayyadaman dhiifama hin godhuuf yookan hin eeyyamuuf.

Maxxansa Argamuu Gargaarsa Maallaqaa
Fairview karaawwan adda addaa kanneen akka imaammata gargaarsa maallaqaa, unkaa iyyata gargaarsa maallaqaa, fi guduunfaa gabaabaa imaammata gargaarsa maallaqaa afaan salphaa, marsaariitii Fairview(www.Fairview.org)irratti maxxansuu, guduunfaa gabaabaa imaammata gargaarsa maallaqaa afaan salphaa dabalatee, wantoota elektiroonikaa (eeyyama dhukkubsataatin) yookan maxxanfaman, iddoowwan uummataa hospitaalaa keessatti dhukkubsattootaf akka argaman gochuuu fi xalayaa yookan iimeeliidhaan erguu (eeyyama dhukkubsataatin) jiraniin, kutaa dhibee ariifachiisaa fi iddoowwan ciisichaa hospitaalaa keessatti beeksisawwan uummataa sirritti mul'ataniin, akkasumas ibsawwan kaffaltii ittiin dhukkubsataa gaafatan irratti, imaammata gargaarsa maallaqaa isaa irratti hubannoo uummataa ni uuma. Fairview miseensota hawaasaa Fairview dhan tajaajilamaniif, waa'ee imaammata gargaarsa Maallaqaa isaa ilaalchisee karaa marsaariitii, barruulee, fi garagalchawwan barruuwwan gargaarsa maallaqaa miseensota hawaasaatiif karaa Kiliinikoota Fairview raabsutiin ni hima akkasumas ni hubachiisa.

Wala'aansa Tola-ooltummaa/Gargaarsa Maallaqaa Lammata Ramaduu
Fairview dandeettii kaffaluu dadhabuu karaa adeemsa kaffaltii funaanuu baratamaa ta'een kaa'ame irratti hundaa'udhaan, herreega akkaawuntii dhukkubsataa tokkootif kaffaltii gaafachuu dhiisuu murteessuu mala. Bakka murtiin keenya kaffaltii gaafachuu dhiisuu rakkoo maallaqaa dhukkubsataa irratti hundaa'utti, herreegonni kunneen Daarektarri Sirnaa Marsaa Galii (System Director of Revenue Cycle) yookan bakka bu'aan mirkaneessinaan, Fairview dhan akka gargaarsa maallaqaatti yookan akka wal'aansa tola-ooltummaatti, irra deebidhaan ni ramadamu.

Baasiiwwan Kaffaltii Mootummaatii Ol Ta'an
Baasiwwan bakka hin buufamne kan Medicare, Medicaid fi sagantaalee wal'aansa hiyyeessa isteetii/naannoo irraa dhufan, faayidaa hawaasaa keessatti hammatamu sababni isaas gargarummaa guddaa baasiwwan sirrii fi beenyaa gidduu jirudha.

Sagantaa Wala’aansa Tola-ooltummaa

- Dabaleen A odeeffannoo dabalataa waa'ee gahumsawwan Wal'aansa Tola-ooltummaa qaba.
- Dabaleen B odeeffannoo dabalataa waa'ee odeeffannoo sobaa kennuu qaba.
- Dabaleen C odeeffannoo dabalataa waa'ee gamtaa fi itti fayyadama inshuraansii qaba.
- Dabaleen D odeeffannoo dabalataa waa'ee wantoota Wal'aansi Tola-ooltummaa hin hammanne qaba.
- Dabaleen E odeeffannoo dabalataa waa'ee filannoowwan hir'ifama biroo qaba.
- Dabaleen F odeeffannoo dabalataa waa'ee kaffaltii gaafachuu fi funaanuu qaba.

Imaammata Gargaarsa Maallaqaa Dabalee A

Gahumsa Sagantaa Wala’aansa Tola-ooltummaa

- Tajaajiloota arifachiisoo fi wal'aansa fayyaatif barbaachisaa ta'an qofatu Wal’aansa Tola-ooltummaadhaf gahumsa qabaatu. Fairview, kaayyoo gahumsa Wal'aansa Tola-ooltummaatif, mirgi dhimma dhimmaan tajaajiloonni hiikkaa "wal'aansa fayyaa barbaachisaa" guutuu murteessuu isaa eegamaadha.
- Wal'aansa Tola-ooltummaatif gahumsa qabaachuf, dhukkubsataan tokko dirqama qajeelfamoota galii fi qabeenyaa akka armaan gadiitti guutuu qaba:
    1. Sadarkaa Galii: Galiin waliigalaa waggaa maatii dhukkubsataa 300% Sadarkaa Hiyyummaa Federaalaa (FPL) walqixa yookan isaa gadi ta'uu qaba.

Daangeffamoota Galii Baay'ina Maatitiin

Baay'ina Maatii	Galii Dimshaashaa Waggaa (200% Federal Poverty Level, FPL)	Galii Dimshaashaa Waggaa (300% FPL)
1	$25,760	$38,640
2	$34,840	$52,260
3	$43,920	$65,880
4	$53,000	$79,500
5	$62,080	$93,120

    2. Fairview'tti, gahumsa gargaarsa maallaqaatif qajeelfamoonni qabeenyotaa akka armaan gadiiti: Yoo maatin qabeenyota herreegota baankii keessaa, qabeenyota aksiyoonaa, fi sooramaa waliigalaan $500,000 ol ta'u qabaate, Gargaarsa Maallaqaatif gahumsa hin qabaatan.
    3. Gadifageenyi waa'ee sanada galii fi qabeenyota mirkaneessuf barbaachisuu, armaan gaditti "Adeemsa Iyyataa" jalatti argama.

- Shallaggii Galii:
    - Ga'eessotaaf, jechi "Galii Waliigalaa Waggaa" Iyyata Wala’aansa Tola-ooltummaa irra jiru ida'ama galii dimshaasha waggaa iyyataa fi haadha/abbaa manaa iyyataa madda hunda irraa argatan ibsa. Iyyataan yoo daa'ima ta'e, jechi "Galii Waliigalaa Waggaa" ida'ama galii dimshaasha waggaa maatii(lee) fi/yookan guddisaa seeraa ibsa. "Galii Waliigalaa Waggaa" Iyyata Wala’aansa Tola-ooltummaa irra jiru galii galmaa'ee ji'oota 12 keessatti waggaatti jijjiirrame ibsa. Yoo xiqqaate ragaan galii ji'a tokkicha

darbee, galii waggaa yeroo ammaa shallaguuf ni gaafatama. Yoo ragaan galii ji'a tokkicha darbee hin jiraanne, dhukkubsataan hamma galii dimshaasha waggaa kan baaye'ee yerooo dhihoo ta'e kennuu mala. Yoo dhukkubsataan kaffaltii maallaqa qaama sadaffaa wal'aansa Fairview dhan kennameen walqabatu fudhatee fi maallaqichi gaaffiiwwan kaffaltii hin kaffalamne uwwisuuf gahaa ta'ee maallaqni akkasii herreega Fairview dhukkubsaticha irraa qabu kaffaluuf kan eegamu ta'e, Wal'aansi Tola-ooltummaa hin kennamu. Dhukkubsataan Wal'aansi Tola-ooltummaatif iyyataa jiru tokko, baay'ina maatii, galii, fi qabeenyota murteessuf, baay'ina namoota maatii dhukkubsataa keessa jiranii akka armaan gadiitti ni gabaasa:

Ga'eessota: Baay'ina namootaa maatii iyyataa ga'eessa tokkoo keessa jiran shallaguu irratti, Fairview iyyataa, haadha/abbaa manaa iyyataa, fi hirkattoota seeraa hunda ni dabala.

Daa'imman: Baay'ina namootaa maatii iyyataa daa'ima tokkoo keessa jiran shallaguu irratti, Fairview iyyataa, haadha/guddistuu, abbaa/guddisaa iyyataa, fi hirkattoota seeraa abbaa, haadhaa, yookan daa'imaa hunda ni dabala.

Yoo seeran kunuunsaa/eegaa ta'uun isaa sanada seeratiin mirkanaa'uu danda'e malee, maatileen manicha keessa daa'ima ga'eessa isaanii waliin jiraatan baay'ina maatii yookan galii daa'ima sanaa irratti hin dabalaman.

Imammata Gargaarsa Maallaqaa Dabalee B

Odeeffannoo Sobaa Kennuu

- Odeeffannoo Sobaa Kennuu:
    - Odeeffannoo galii sobuun yookan adeemsa iyyataa keessatti Fairview waliin walta'insaan hojjechuu diduun Iyyanni Wala’aansa Tola-ooltummaa akka didamu godha. Yoo, erga iyyataan Wala’aansa Tola-ooltummaa kennameefii booda, Fairview odeeffannoon iyyata Wala’aansa Tola-ooltummaa dhihaate soba akka ta'e bare, murtii Fairview qofaan iyyanni Wala’aansa Tola-ooltummaa fi Wal'aansi Tola-ooltummaa kenname hafuu mala.

Imammata Gargaarsa Maallaqaa Dabalee C

Gamtaa Sagantaa Wala’aansa Tola-ooltummaa fi Itti Fayyadama Inshuraansii

Sagantaan Wal'aansa Tola-ooltummaa bakka bu'aa dirqama dhuunfaa waan hin taanef, namoonni karaa sagantichaa gargaarsa maallaqaatif iyyatan adeemsa gahumsa murteessuu Fairview waliin gamataan akka hojjetanii fi baasiwwan tajaajilootatiif hanga dandeettii dhuunfaa isaanitti akka guumachan irraa eegama. Fairview tajaajiloota fayyaa ittisoo ta'an itti fufiinsan argachuu akka danda'an mirkaneessuf fi qabeenyoota dhuunfaa isaanii eeguf, namoonni dandeettii maallaqaa qaban inshuraansii fayyaa akka bitan jajjabeessa. Dhukkubsattoonni hundi calaalamanii yoo gahumsa qabaatan, akka Seera Wal'aansa Gatii Madaalawaa (Affordable Care Act, ACA) keessatti ibsametti walta'insa kan godhan jedhamanii fudhatamuuf, karaa MNsure Medicaid, MinnesotaCare dhaf, Karoora Fayyaa Gahumsa Qabuuf yookan uwwisa kunuunsa fayyaa bifa biraa fudhatamaa ta'eef akka iyyatan irraa eegamuu mala.

- Yoo dhukkubsataan tokko madda fandii qaama sadaffaatif gahumsa qabaachuu malee fi sababoota too'annoo dhukkubsatichaatin ol ta'aniin walta'insa gochuu dhabe, dhukkubsatichi xalayaa ibsaa akka galchu irraa eegama. Xalayichi bulchiinsa Fairview'tin ni gamaggamama.
- Yoo dhukkubsataan tokko qaama sadaffaa kaffalu qabaatee fi odeeffannoo kaffalaa yeroodhaan Fairview dhaf galchuu dhabee Fairview akka didu taasise, dhukkubsatichi Wala’aansa Tola-ooltummaatif yookan Sagantaa Gargaarsa Maallaqaa biraatif gahumsa hin qabaatu.
- Walumaagalatti, yoo dhukkubsataan inshuraansii karaa qacaraa isaa/ishee fudhachuu dhiisuf filatan, yoo jiraate, Wal'aansa Tola-ooltummaadhaf gahumsa qabaachuu dhiisuu malu. Gargaarsa Wal'aansa Fayyaatif, MinnesotaCare dhaf yookan Karoora Fayyaa Gahumsa qabuuf, dirqama karaa MNsure iyyata galfachuu qabu.
- Yoo dhukkubsataan tokko wal'aansa ta'e tokkoof yookan guyyaa tajaajilaatif inshuraansii isaa/ishee kaffalchiisuu dhiisuu filatan, tajaajilli daawwannaa sun Wal'aansa Tola-ooltummaatif gahumsa hin qabaatu.

Imammata Gargaarsa Maallaqaa Dabalee D

Sagantaan Wal'aansa Tola-ooltummaa Kanneen hin Hammanne:

Sagantaawwan Gargaarsaa Tola-ooltummaa Fairview fi Karooriwwan Filannoowwan Gargaarsa Tola-ooltummaa Biroo kan armaan gadi hin hammatu:

- Dhukkubsataan adeemsa iyyata Gargaarsa Tola-ooltummaa hin hordofne Gargaarsa Tola-ooltummaa dhowwatamuu mala.
- Herreegni dhukkubsataa Dhaabbataa Inshuransii waliin qabu adeemsa irra kan jiru ta'e iyyaatan himanna dhiyeesuu fi ragaawwan barbaachisoo ta'an qaamaa sadaffa irraa sasaabuu irrattii walta'insan hojjeechuu kan hafe yoo ta'e Gargaarsi Tola-ooltummaa kan dhorkatamu ta'a.
- Tajaajilawwan dhieessawwan Fairview ala, dhiyeessaa Fairview biroo imaamata kanan hin hammatamu.
- Tajaajilawwan Kilinikawwan Fairview Expressitti kennaman.
- Baasiiwwan geejjiba waliin walqabatu, ykn baasiiwwan jireenya dhuunfaa
- Kaffaltiiwwan qaama baasanii bakka buusuu yeroo baasanii bakka buusuu kaffalchiifaman baasanii bakka buusuu booda waggaa tokko keessatti dhukkubsataa qaamni baheefii bakka buusameefii hir'ifama Wal'aansa Tola-ooltummaatif gahumsa hin qabaatan. Yaadni gorsaa kaffaltiiwwan kanneen irratti sirreeffamni akka godhamu jedhu kamiyyuu adeemsa Haala Addaa Maallaqaa keessa darbuu qaba.
- Lammiilen kan Ameerikaa hin taane, jiraattota yeroo dheeraa hin taane, yookan lammiilen Ameerikaa Ameerikaadhan ala jiraatan Wal'aansa Tola-ooltummaatif gahumsa hin qabaatan; kunis dhukkubsataa Viisaa irra jiruu fi barattoota idil addunyaa dabalata. Kuni namoota sanada malee Ameerikaa keessa jiraatanii fi jiraattota yeroo gabaabaa hin dabalatu. Jiraattota yeroo dheeraa Ameerikaa/kaardii magariisa
- Kiliinikoonni Bilisaa Of-danda'oon Fairview Gargaarsa Wal'aansa Fayyaa isteetii malee hin hirmaatan. Kanaafuu, dhukkubsattoonni baasiwwan kiliinika of-danda'aa qaban kan uwwisa Medicaid isteetidhaa alaa qaban Wal'aansa Tola-ooltummaatif gahumsa hin qabaatan.
- Yoo wala’aansa idilee jedhamee fudhatame malee, tajaajiloonni dhiheessitoota inshuraansii hedduudhan kan hin uwwifamne jedhamanii fudhatamu.
- Sababa daldalichi uumama qinxaaboo qabuuf, Meeshaalen Fayyaa Manaa Fairview (Fairview Home Medical Equipment) fi Ortootiksii fi Piroostetiksii Fairview (Fairview Orthotics & Prosthetics) imaammata kana jalatti hin uwwifaman.
- Wal'aansi manaa Fairview fi Manni Qorichaa Fairview imaammattoota Wala’aansa Tola-ooltummaa mataa isaanii qabu akkasumas imaammata kana jalatti hin uwwifaman.
- Bakkeewwan Fairview waliin hidhata qaban kanneen dhaabbilee gamtaa adda ta'anii fi imaammata kanaan hin bitamne, kanneen akka Fairview Maple Grove Ambulatory Surgery Center, Crosstown Surgery Center, fi Greenview Alzheimer’s, garuu kanneenitti hin daangeffaman.
- Tajaajiloonni ogeessaa dhaabbilee Fairview hin taanen kennaman sagantaa kana jalatti hin uwwifaman.

Imammata Gargaarsa Maallaqaa Dabalee E

Sagantaa Wal'aansa Tola-ooltummaa – Filannoowwan Hir'ifama Biroo

- Haalota Addaa Maallaqaa
  - Bulchiinsi Fairview murtaa'an, dandeettii kaffaluu dhukkubsataa murteessudhaaf haalota addaa hunda gamaggamuu qaba. Haalota addaa dhukkubsattoota kaffaluudhaf maddoota maallaqaa hin qabnee ilaallatan qofatu ilaallamuu fi akka Wal'aansa Tola-ooltummaatti gabaafamuu qabu. Haalonni biroo hundi, akka qajeelfamoota isteetii fi federaalaa jalatti ibsamanitti, akka Wal'aansa Tola-ooltummaatti yookan Idaa Badaatti osoo hin taane, akka sirreeffamoota bulchiinsatti ilaalamuu fi gabaasamuu qabu. Iyyataan qajeelfamota FPL irra darbuu fi waggaa darbeef idaa wal'aansa fayyaa hin kaffalamne waliigalaa galii dimshaashaa maatii caalu qabu, karaa Haalota Addaa Maallaqaa Wal'aansa Tola-ooltummaatif akka iyyatu eeyyamamuufii mala.
- Shariikota Maanguddootaa:
  - Shariikoonni Maanguddootaa Fairview shariikummaa Fairview fi Tajaajiloota Hawaasa Maanguddootaa gidduu jiruudha. Fairview inshuraansota waloo hospitaalaa fi kiliinikii akkasumas hir'ifamoota dhiisudhaaf walii galee jira. Miseensonni sagantaa kanaa wantoota Medicare dhan hin uwwifamne kan akka qorichoota manatti fudhatanii galanii kamiifuu dirqama akka qaban beeku. Qindeessan Wal'aansa Tola-ooltummaa herreegota sirreessuu qaba. Hammiwwan Medicare irraa funaanaman sirreeffama Wal'aansa Tola-ooltummaa waliin wal madaaluu qabu.
  - Iyyatawwan galmee
    - Iyyanniwwan hundi Tajaajiloota Hawaasa Maanguddootatti yookan waajjiraalee Isteetidhaan ala jiranitti hin ergaman akkasuman hin ilaalaman. Dhukkubsattoonni, naannoo meetirootif 952-767-0665 irratti bilbiluudhan yookan www.seniorcommunity.org daawwachuudhan yookan Range dhaaf 1-800-662-5711 irratti bilbiluudhan yookan www.aeoa.org/senior-services daawwachuudhan iyyata yookan odeeffannoo dabalataa gaafachuu malu.
  - Ulaagaalee Gahumsaa
    - Dhukkubsataan dirqama Medicare kutaa A fi B keessatti galmaa'uu qaba akkasumas karoora bakka bu'iinsaa irraatti galmaa'uu hin qabu.
    - Dabalata Medicare qabaachuu hin danda'u.

- Wal'aansa Tola-ooltummaa Retro/Wal'aansa Tola-ooltummaa akka Wal'aansa Fayyaa Hiyyeessaa (Retro Charity Care/Medically Indigent Charity Care)
  - Yoo dhukkubsataan yeroo ammaa MA yookan MinnesotaCare qabaatee fi guyyoonni tajaajilaa duraanii MA/MinnesotaCare dhan hin uwwifamne, herreegni guyyaa MA dhan eeyyamame dura jiru kamiyyuu Wal'aansa Tola-ooltummaatif gahumsa qabaachuu mala.
- Hir'ifama Warreen Inshuraansii Hin Qabneef Kennamu
  - Sagantaalee Imaammata Gargaarsa Maallaqaa jala jiranitti dabalata, jiraattonni Minnesota fi Wisconsin inshuraansii hin qabne, tajaajiloota hospitaalaa hir'ifamni Wal'aansa Tola-ooltummaa osoo hin godhamin dura jiraniif hir'ifama warreen inshuraansii hin qabneef kennamuuf gahumsa ni qabaatu. Hir'ifamni kuni waliigaltee Ulaagaalee Funaansaa Abbaa Alangaa Waliigalaa irratti kan hundaa'u yommuu ta'u sagantaa wal'aansa tola-ooltummaa miti.

Imaammata Gargaarsa Maallaqaa Dabalee F

Kaffaltii Gaafachuu
fi Funaansawwan

- Fairview imaammata Kaffaltii Gaafachuu fi Funaanuu addaa marsaariitii www.Fairview.org irratti yookan Tajaajila Maamila Fairview dhaf 612-672-6724 irratti yookan bilbila bilisaa 1-888-702-4073 irratti bilbiluun, Tajaajila Maamila HealthEast dhaf 651-232-1100 irratti yookan bilbila bilisaa 1-866-770-6411 irratti bilbiluun, yookan Tajaajila Maamilaa Fairview Range dhaaf 218-362-6624 irratti yookan bilbila bilisaa 1-877-390-6624 irratti bilbiluudhan argamuu qaba. Imaammanni kuni odeeffannoo caalatti adda ta'e waa'ee armaan gadii irratti qaba:
    - Adeemsa Kaffaltii Gaafachuu: Fairview ibsoota kaffaltii ittiin gaafatu akkaataa yeroo kaa'ameetin ni baasa akkasumas osoo tarkaanfilee funaansa addaa herreegicha irratti hin jalqabin dura, kaffaltii daawwannaa boodatiif yoo xiqqaate guyyoota 120 ni kenna.
    - Herreegota Hiikuu: Fairview herreegota banaa ta'an karaa filannoowwan adda addaa kanneen akka inshuraansii gahumsa qabu adda baasuu yookan gargaarsa wal'aansa fayyaa gahumsa qabu adda baasuu, haalota kaffaltii mijeessuu, wal'aansa tola-ooltummaa yookan karaawwan biroo jiraniitin hiikuf, yoo xiqqaate guyyoota 240 ni kenna.
    - Tarkaanfilee Funaansaa: Haala kaffaltiin hin raawwatamne keessatti, Fairview hordoffiidhaf jecha herreegota gara ejensootaa fi/ykn dhaabbilee funaansa seera raawwatanitti dabarsuu mala. Fairview herreega tokko irratti tarkaanfilee funaansa addaa osoo hin jalqabin dura, yoo xiqqaate guyyoota 30 dursee beeksisa dhukkubsataadhaf ni kenna.

Tarreeffama
Dhiheessaa

Fairview tarreeffama gareewwan hundaa dhaabbata hospitaala Fairview'tti tajaajiloota ariifachiisoo fi wal'aansa fayyaa barbaachisaa ta'an dhukkubsattootaf kennanii qaba. Tarreeffamichi dhiheessitoonni kamtu akka Imaammata Gargaarsa Maallaqaa Fairview'n akka uwwifamanii fi hin uwwifamne adda baasa (geessituu qabsiifame ilaalaa).
https://www.fairview.org/search/doctors
yookan https://www.healtheast.org/images/stories/billing/covered_providers.pdf

Qaamota Mirkaneessan:
Giddugalli Fayyaa Lakes Fairview (Fairview Lakes Medical Center) imaammata kana mirkaneessee jira.
Giddugalli Fayyaa Northland Fairview (Fairview Northland Medical Center) imaammata kana mirkaneessee jira.
Giddugalli Fayyaa Range Fairview (Fairview Range Medical Center) imaammata kana mirkaneessee jira.
Hospitaalli Fairview Ridges imaammata kana mirkaneessee jira.
Hospitaalli Fairview Southdale imaammata kana mirkaneessee jira.
Kiliinikii fi Hospitaalli Grand Itasca imaammata kana mirkaneessanii jiru.
Hospitaalli HealthEast Qulqulluu Yohaannis imaammata kana mirkaneessee jira.
Hospitaalli HealthEast Qulqulluu Yoosef imaammata kana mirkaneessee jira.
Hospitaalli HealthEast Woodwinds imaammata kana mirkaneessee jira.
Hospitaalli HealthEast Bethesda imaammata kana mirkaneessee jira.
Kiliinikoonni HealthEast Dhaabbileen Gibira irraa bilisa ta'an biroo imaammata kana mirkaneessanii jiru.
Giddugalli Fayyaa Yunversiitii Minnesota (University of Minnesota Medical Center), Fairview imaammata kana mirkaneessee jira.
Gareen Meedikaalaa Fairview (Fairview Medical Group) imaammata kana mirkaneessee jira.

Abbaa Imaammataa:
Daarektara Marsaa Galii (System Director, Revenue Cycle)

Kan Mirkaneesse:
Boorsii Daarektarootaa Fairview (Fairview Board of Directors)

Guyyaa(wwan):

Guyyaa Hojiirra Oolu: 2-18-07, Boordiidhan Mirkanaa'e

Bakka Buufamtoota – Boordin Kutaa Wal'aansa Hawaasaa Haalota Mijaawoo Gargaarsa Maallaqaa Tajaajiloota Dhukkubsataa gaafa 12-16-04 mirkaneesse

Guyyaa Gulaalame: 2/1/15; 12/1/15; 12/29/2015; 1/29/2016, 7/24/2017, 6/20/19, 2/10/20, 2/1/21

Guyyaa Gulaalame: Boordin Fairview Gulaalee Lammata Mirkaneesse: 4/16/15, 6/17/16, 8/17/17, 11/5/19, 8/5/21

Guyyaa Gulaallin Raawwatame: 6/1/15, 6/17/16, 11/1/17